IslamHouse.com

مركز أصول Osoul Center www.osoulcenter.com

Rabwah

Oromo
Oromoo
أورومو



# NAAMUSOOTA ISLAAMAA

# الآداب الإسـلامية

Qopheessaa
**Shekh Jamaal Shekh Muhammad**

# الآداب الإسلامية

تأليف
الداعية جمال محمد أحمد

OROMO
OROMOO
أورومو

ⓒ جمعية الدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالربوة، ١٤٤٢هـ

فهرسة مكتبة الملك فهد الوطنية أثناء النشر

أحمد، جمال محمد

الأداب الإسلامية – اللغة الأورومية. / جمال محمد أحمد.- الرياض، ١٤٤٢هـ

٣٦ ص، ١٢ سم x ١٦,٥ سم

ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٣٢٣-٢٧-٤

١- الأداب الإسلامية ٢- الاخلاق الإسلامية ٣- الفضائل الإسلامية أ. العنوان

ديوي ٢١٢ ١٤٤٢/٢٥٤٠

رقم الايداع: ١٤٤٢/٢٥٤٠

ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٣٢٣-٢٧-٤

مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com

This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.

+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.sa
www.osoulcenter.com




Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim



# مقدمة

بسم الله الرحمن الرحيم

الحمد لله رب العالمين والصلاة والسلام على أشرف الأنبياء والمرسلين نبينا محمد وعلى آله وصحبه أجمعين.

أما بعد فإن ديننا الإسلام دين كامل لا نقص فيه قال الله تعالى: ﴿ٱلۡيَوۡمَ أَكۡمَلۡتُ لَكُمۡ دِينَكُمۡ وَأَتۡمَمۡتُ عَلَيۡكُمۡ نِعۡمَتِي وَرَضِيتُ لَكُمُ ٱلۡإِسۡلَٰمَ دِينٗا﴾. ومن كماله أنه مشتمل على العقيدة والعبادات والمعاملات والآداب وغير ذالك. فهذه كلمات من الآداب الإسلامية النبوية التي ينبغي أن يلتزم بها المسلم في حياته اليومية. تحقيقا لمتابعة المصطفى ﷺ وسعيًا لنيل إلى محبة الله ورضوانه. قال الله جل وعلا: ﴿قُلۡ إِن كُنتُمۡ تُحِبُّونَ ٱللَّهَ فَٱتَّبِعُونِي يُحۡبِبۡكُمُ ٱللَّهُ وَيَغۡفِرۡ لَكُمۡ ذُنُوبَكُمۡۚ وَٱللَّهُ غَفُورٞ رَّحِيمٞ﴾.

ويسرني أن أقدم هذه الرسالة -صغيرة الحجم كبيرة الفائدة- كتبتها بلغة اورومو وأضعها بين يدي القراء الكرام من أبناء هذه الجالية وممن يفهمون هذه اللغة لتعميم الفائدة تحوي هذه الرسالة:

١. آداب السلام

٢. آداب المجالس

٣. آداب الدعاء

٤. آداب الطعام والشراب

٥. آداب النوم

٦. آداب السفر

وأخيرا أشكر الله الذي من علي بتوفيقه لإكمال هذا العمل -الحمد لله الذي بنعمته تتم الصالحات- ثم أشكر كل من تعاون على طباعة ونشر هذا الخير. جزاهم الله خيرا وأحسن إليهم

وفي الختام أسال الله أن يجعل أعمالنا خالصة لوجهه الكريم وهو حسبنا ونعم الوكيل.

**أبو فاطمة جمال محمد أحمد**

**الداعية والمترجم**

# DUREE

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي آله وصحبه أجمعين.

Galanni kan Rabbiiti, nagayaaf rahmannii nabii keenyarratti haa bu'u, aaliifi sahaabas.

Eeganaa-Diin (Amantiin) teenya tan islaamaa tun amantii jaalatamtuu, guutamtuudha. Aqiidaa, ibaadaa, jiruu maatii, jiruu hawaasummaa, namusootaa fi kanneen birootis heera guutuu uf keessaa qabdi.

kitaabni kun yeroo duraatiif wayee naamusoota islaamaa kanneen nabiyyii keenyarraa ﷺ baratame kan ibsu yootahu kana barachuun dirqama muslima hundaati.

kitaabni kun Afaan keenya kan oromootiin waan qophaaweef ummanni keenya dubbisanii irraa barachuun laafaadha. keeysaawuu dargaggootaafii barattoota keenya haalaan fayyada jenneeti abdii goona.

Kitaaba kana keessatti mata dureewwan kanneentu jira.

1. Namusa salaamtaa
2. Naamusa teessumaa
3. Naamusa kadhaa Rabbii
4. Naamusa nyaataaf dhugaatii.

5. Naamusa hirriibaa
6. Naamusa karaa deemsaa

Tanaaf namni hundi naamusoota kana barattanii akka itti dalaydan, akka walbarsiiftan isin yaadachiisna.

Shekh Jamaal Shekh Muhammad Abbaa xaalib.

Shekhjemal@yahoo.com
00966 505697461
Riyadh sawdii arabiyaa.

# NAAMUSA SALAMTAA

قال رسول الله ﷺ: «لا تدخلوا الجنة حتى تؤمنوا ولا تؤمنوا حتى تحابوا أولا أدلكم على شيء إذا فعلتموه تحاببتم؟ أفشوا السلام بينكم». رواه مسلم.

Nabiin ﷺ akkana jedhan "Jannata hinseentan hanga amantanitti,hinamanne hanga waljaalattanitti,mee waan yoo isa hojjattan waljaalattan isinii himuu? Salaamtaa heddummessaa jidduu tessanitti." muslimtu galmeesse.

## 01 Muslima hundarratti salaammatuu.

سئل رسول الله ﷺ: أي الإسلام خير؟ قال: «تطعم الطعام. وتقرأ السلام على من عرفت ومن لم تعرف». متفق عليه.

Kamii hojii islaamaattu caala jechuun gaafatame nabiin ﷺ Akkana jedheeti deebisaa godhe "nyaata nyaachista,salaamtaa qaraata nama beeytuufii kan hinbeynerratis." bukhaariifi muslim.

## 02 Salaamtaa daddafsiisuu.

قال رسول الله ﷺ: «... وخيرهما الذي يبدأ بالسلام». متفق عليه.

وقال ﷺ: «يسلم الصغير على الكبير، والمار على القائد، والقليل على الكثير». رواه البخاري.

Nabiyyiin ﷺAkkana jedhe "caalaan isaan lameenii ka salaamtaan jalqabe" bukhaariif muslim.

Ammas nabiyyiin akki jedhe “xiqqaan guddarratti haasalaammatuu, kandeemu kataa’urratti haasalaammatuu, namni lakkoofsaan waaxiqqoon heddurratti haasalaammatuu.” bukhaaritu odesse.

## 03 Salaamtaa deebisuu.

إلقاء السلام سنة مستحبة. أما الرد عليه فواجب، فيجب رد التحية متى ألقيت عليك شفاهة أو كانت كتابة، وسواء رئينا من يلقيها أو لم نره.

فعن عائشة رضي الله عنها قالت: قال رسول الله ﷺ يوما يا عائش هذا جبريل يقرئك السلام». فقالت وهي لم تره: وعليه السلام ورحمة الله وبركاته رواه البخاري.

Dura salaamtaa jechuun sunnaa jaalatamtuu, ammo deebisuun waajiba dirqama.salaamtaa ta sagaalee taatuu ta barruu taatuu yogguu siin jedhamte deebisuun dirqama,abbaa jedhe san gartuu arguu baattuu,

Aayyoo Aaishaan رضي الله عنها akki jette Nabiin ﷺ akkana naan jedhe “yaa Aaishaa jibriil kanaatu salaamtaa siin jedha” jennaan isiinis osomaa isa hin argin wa’aleyhissalaam warahmatuLlaahi wa barakaatuhuu”jette. Bukhaaritu odeesse.

## 04 Salaamtaa irra deddeebi’uu.

قال رسول الله ﷺ: «إذا لقي أحدكم أخاه فليسلم عليه فإن حالت بينهما شجرة أو جدار أو حجر ثم لقيه فليسلم عليه». رواه أبو داود.

Nabiyyiin ﷺ akkana jedhan “tokkoon keysan obboleessa isaatti yogguu dhaqe haa irratti salaammtuu, egasii yoo gidaarri, yookaa, dhagaan, yookaa mukni isin jidduu bahes irrumatti salaammadhu.” abuudaawud odesse.

## 05 Yeroo salaamtaa harka walfuudhuu.

قال ﷺ: «ما من مسلمين يلتقيان فيتصافحان إلا غفر لهما قبل أن يتفرقا». رواه أبو داود.

Nabiyyiin keenya ﷺ akkana jedhan "Kanuma tahee haa tahuu muslimtoonni lama walitti dhufanii harka walfuunaan osoo isaan addaan hin bane isaaniif araaramamu malee hin hafan." abuu Daawud odeesse.

## 06 Joollee daaimarratti salaammatuu.

عن أنس رضي الله عنه أن رسول الله ﷺ مر على غلمان فسلم عليهم. رواه مسلم.

Anas ibnu maalik رضي الله عنه akki jedhe Nabiyyiin keenya joollerra dhufeeti irratti salaammate jedhe" muslimtu odeesse.

## 07 Salaamtaa yeroo deemsaaf ka'anii.

قال رسول الله ﷺ: «إذا انتهى أحدكم إلى مجلس فليسلم، فإن بدا له أن يجلس فليجلس، ثم إذا قام فليسلم، فليست الأولى بأحق من الآخرة». رواه الترمذي وأبو داود.

Nabiyyiin ﷺ akkana jedhe "tokkoon keysan teessootti yoo dhufe haasalaammatuu,yoo taa'uu fedhe haataa'uu,eegasii yogguu ka'u haa salaammatuu, ta duraa ta boodaarra jabeyfamtuu miti" tirmizii fi abiidawud odesse.

## 08 Salaamtaa barruufii midiyaarraa dhufte deebisuu.

قال الشيخ عبدالعزيز بن باز رحمه الله: رد السلام في مثل هذا من فروض الكفاية، لأنه يسلم على جم غفير فيكفي أن يرد بعدهم، والأفضل أن يرد كل مسلم سمعه لعموم الأدلة. مجموع فتاوى ابن باز (٩/٦٩٣)

Sheek abdul'aziiz ibnu baaz Rabbi rahmata isaa haagodhuu akki jedhe "bekka akkanaa tanatti salaamtaa deebisuun fardii walirraa gutani.inni hedduu ummataatii waan salaammatuuf gariin isaanii deebisnaan nigaya.ammoo haatahuu irra caalaan hundi nama dhagayee deebisuun barbaachisaadha.ragaan kan waliigalaa waan taheef." Majmuu'a fataawii ibnubaaz 693\9.

# NAAMUSA TEYSUMAA

## 01 yeroo dhufanii fi yeroo deeman salaamtaa jechu

Nabiyyiin keenya ﷺ akkana jedhe.

قال رسول الله ﷺ : «إذا انتهى أحدكم إلى مجلس فليسلم، فإن بدا له أن يجلس فليجلس، ثم إذا قام فليسلم فليست الأولى بأحق من الآخرة». رواه الترمذي وأبوداود .

Tokkoon keessan yeroo teessoo gaye haa salaammatuu, yoo taa'uu fedhe haa taa'uu, eegasii yogguu ka'ee deemu haa salaammatuu, tan duraa taboodaarra hincaaltu, (tan boodaa tunis akkuma tan duraatti jabduudha).

## 02 bakka teessumti itti dhaabbatte taa'uu

Nabiyyiin keenya ﷺ akkana jedhe (Namtichi namticha teessoo isaa irraa hinkaafatin ufiif achi taauudhaaf jecha, garuu ammo walduraa siiqaa waliif ballisaa) bukhaariif muslim.

## 03 Faaruu Rabbiitii fi Rahmata nabirratti buusuudhaan teysuma booharsuu

Nabiyyiin ﷺ akkana jedhe (ummanni tokko teessoo isii keessatti Rabbiin hinfaarsin takka taa'anii hoongoon isaanirratti taatu malee hin hafan,-gaabbii fi sheenaan

jechuudha-yoo fedhe isaan azzaba yoo fedhe isaaniif araarama) Tirmiziitu galmeesse.

Faaruu rabbi san keessaa tokko istigfaara godhuudha. Abdallaah ibnu umar akki jedhu.nabiin ﷺ teessoo takka keessatti yoggu dhibba Rabbig firlii watub alayya innaka anta ttawwaaburrahiim) Abuu Dawuud odeesse.

## 04 Namoota gaggaariin wajji taa'uu.

Nabiin ﷺ akki jedhe.

لا تصاحب إلا مؤمنا ولا يأكل طعامك إلا تقي.

Muimina malee hinsaahibin,nama rabbisodaatu malee nyaata kee akka hinnyaanne. Abuu Daawudiifi tirmiziitu odeesse

## 05 walhamachurraa fagaachuu

Abuu hureyraan رضي الله عنه Nabiin ﷺ akkana jedhan jedhe, (hamachuun maal akka tahe beeytuu?) Rabbumaafii rasuula isaattu beeka jedhaniin. (obboleessa kee waan inni jibbuun dubbachuudha). yoo wanniin ani isaan jedhu sun tan inni qabu taateyoo? Jennaan. (yoo waanni ati jetteen sun tan inni qabu taate isa hamattee jirta, yoo tan inni hinqabne taate cubbuu isarra keessee jirta) jedhe. Muslimtu odeesse

## 06 kofla heddummeessurraa dhoowwamuu

Nabiin ﷺ akki jedhan, (kofla hin heddummeysinaa, kokoflaa ooluun onnee nama ajjeefti.) ibnu maajah odeesse.

### 07 Nama biratti deeqqifachuun jibbamaadha

Abdillaah ibni umar akki jedhe: namtichi tokko nabiin biratti deeqqifate. Nabiin akki jedheen,(Deeqqifatiinsa kee kana nurraa uf qabi, irra quufaan isaanii addunyatti irra beelawaa isaaniiti aakhiratti) tirmiziitu odeesse.

### 08 Du'aaii araarsituu dogoggora teeysumaatiif

Nabiyyiin ﷺ akki jedhe (namni teessuma takka taa'ee guddisee wace,-haasawa badii haasawe-osoo teessuma isaa sanirraa hinkaane ka akkana jedhe, subhaanaka allaahumma wabihamdika,ash-hadu anlaailaaha illaa anta astagfiruka, wa atuubu ileyka,-kan jedhe wanni teessoo isaa san keessatti tahe isaaf araaramamu malee kan hafu hintaane.) tirmizii odeessee albaaniitu sirreesse.



# NAAMUUSA KADHAA RABBII (DU'AA'II)

قال الله تعالى:

﴿أَمَّن يُجِيبُ ٱلْمُضْطَرَّ إِذَا دَعَاهُ وَيَكْشِفُ ٱلسُّوٓءَ وَيَجْعَلُكُمْ خُلَفَآءَ ٱلْأَرْضِ ۗ أَءِلَٰهٌ مَّعَ ٱللَّهِ ۚ قَلِيلًا مَّا تَذَكَّرُونَ﴾ [النمل: ٦٢]

Rabbiin s.w. akkana jedhe. "sa inniin Rakkataadhaaf awwaatu yeroo inni kadhate,kan rakkina furmaata godhu kan bakka buoota dachii isin godhe akka gabbaramtoota dharaa nitahee? (Abadan hintaane jechuu). Allaahaan wajji gooftaan biro nijiraa? garuu isin Waa xiqqoodha gorfamtan."

## 01 Rabbi faarsuu.

عن بريدة ﵁ أن رسول الله ﷺ سمع رجلا يقول: اللهم إني أسالك أني أشهد أنك أنت الله لا إله إلا أنت الأحد الصمد، الذي لم يلد ولم يولد، ولم يكن له كفوا أحد. فقال: «لقد سألت الله بالاسم الأعظم الذي إذا سئل به أعطى، واذا دعي به أجاب». رواه ابو داود.

Bureydaan ﵁akkana jedhe. nabiin ﷺ "namticha tokko kan akkana jedhee Rabbi kadhatu dhagayan \Allaahumma inni as'aluka annii ashhadu annaka natallaahu laa ilaaha illaa anta,al ahadussamadu,allazii lam yalid walam yuulad,walm yakun lahuu kufuwan ahad\ nabiin ni jedhan

dhugaa rabbiin kadhatte maqaa isaa guddaan, ka yoo isaan kadhatame namaa kennu,kan yoo isaan yaammatame namaa awwaatu. Abuudawud galmeesse.”

## 02 yeroo qeebaltii filachu.

مثل آخر ساعة من يوم الجمعة، ووقت السحر، وفي السجود، وبين الأذان والإقامة.

Yeroon kadhaan Rabbii qeebalamtu saa’aa dhumaa guyyaa Jum’aa irraa,yeroo bariisaa, yeroo sujuuda keysaa,yeroo azaanaafii iqaamaa jedduu.

## 03 harka lameen olqabuu.

قال رسول الله ﷺ: «إن ربكم تبارك وتعالى حيي كريم، يستحيي من عبده إذا رفع يديه إليه أن يردهما صفرا». رواه أبو داود.

Nabiyyiin ﷺ akkana jedhan “Rabbiin keessan oltahee kabajamee jiraataa arjaadha,yoggaa gabrichi isaa harka lameen isa jala ol qabatee isa kadhate qullaa gadi deebisuu niqaanfata.” abuu dawud odesse.

## 04 kadhaa jajjabeysuu fii yoggu 3 irra deddeebiuu.

قال ﷺ: «يستجاب لأحدكم ما لم يعجل يقول دعوت فلم يستجب لي». رواه البخاري.

Nabiyyiin ﷺ akki jedhan “Tokkoo keysaniif kadhaan niawwaatama waan hin jarjarsiifatiniin, kadhadhee homaa naaf hin awwaatamne waan hin jedhiniin.” bukaariitu galmeesse.

وقال عبدالله بن مسعود رضي الله عنه: وكان ﷺ إذا دعا دعا ثلاثا، وإذا سأل سأل ثلاثا. رواه مسلم.

Abdellaa ibnu mas’uud akki jedhe,nabiin ﷺ yoggu

kadhatan yoggu 3 irra deddeebian ,yogguu gaafatanis yoggu3 irra deddeebian." Muslimtu odeesse.

## 05 lubbuu ufii, qabeenyaa fii ilmaan abaaruu dhabuu.

قال ﷺ: «لا تدعوا على أنفسكم، ولا تدعوا على أولادكم، ولا تدعوا على أموالكم، لا توافقوا من الله ساعة يسأل فيها عطاء، فيستجيب لكم». رواه مسلم.

Nabiyyiin ﷺ "akki jedhan lubbuu teessan uf hin abaarinaa,joollee teessan hin abaarinaa, qabeenya keessan hin abaarinaa,yeroo rabbirraa kadhaan kennamtu mudattanii isinitti qebalamuutu sodaatamaa." Muslimtu odeesse.

## 06 obbolessa fagoo jiruu du'aaii godhuu.

قال رسول الله ﷺ: «دعوة المسلم لأخيه بظهر الغيب مستجابة، عند رأسه ملك موكل، كلما دعا لأخيه بخير قال الملك الموكل به: آمين ولك بمثل». رواه مسلم.

Nabiyyiin keenya ﷺ akki jedhan "kadhaan rabbi tan muslimtichi obboleessa isaa kan fagoo jiruu godhu qeebalamtuudha.Mataa isaa birratti malaaykaan tokko ramadameeti,yeroo inni obboleessa isaatiif toltuu kadhate hunda malaaykichi sun Rabbi haa qeebalu siifis fakkaata kana haa kennu , jedhaan." Muslimtu galmeesse.

## 07 Rizqii halaala qofarratti gabaabbachuuF bololuu.

عن أبي هريرة رضي الله عنه أن النبي ﷺ: «ذكر الرجل يطيل السفر، أشعث أغبر يمد يديه إلى السماء: يا رب يا رب! ومطعمه حرام، ومشربه حرام، وملبسه حرام، وغذي بالحرام، فأنى يستجاب لذالك؟». رواه مسلم.

Abbaa hureyraa رضي الله عنه irraa odeeffamee nabiin ﷺ "akkana jedhan

jedhe, namticha karaa dheeraa deeme tokkorraa dubbatee dhukkaawaa faaggawaa kantahe harka isaa kara samii oldiriirsee –yaarabbi yaarabbi (jedhee kadhataa) eeysaa kadhaan isaa isarraa qeebalamti! Nyaanni isaa haraamii, dhugaatiin isaa haraamii, uffanni isaa haraamii" Muslimtu odeesse.

# NAAMUSA NYAATAA FII DHUGAATII

قال الله تعالى: ﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ كُلُواْ مِن طَيِّبَٰتِ مَا رَزَقۡنَٰكُمۡ وَٱشۡكُرُواْ لِلَّهِ إِن كُنتُمۡ إِيَّاهُ تَعۡبُدُونَ﴾ [الأعراف: ٤٣]

Rabbiin s.w. akkana jedhe ***"Yaa warri amantan gaggaarii waan nuti isiniif kenninerraa nyaadhaa, Allaahaaf galata galchaa,yoo ka isaqofa gabbartan taatan."***

## 01 Harka mirgaatiin nyaachuu.

عن سلمه بن الأكوع ﷺ أن رجلا أكل عند رسول الله ﷺ بشماله فقال: «كل بيمينك، قال: لا أستطيع. قال: لا استطعت. ما منعه إلا الكبر، قال: فما رفعها إلى فيه». رواه مسلم.

Salamata ibnulakwai رضي الله عنه akkana jedhe'namtichi tokko Rasuula Rabbii biratti bitaan nyaate. Nabiin ﷺ "mirga keetiin nyaadhu" jedheen.hindandayu jedheen, "hindandayin" jedheen.boona malee wanni isa dhowwe waa hinjiru.duuba waa isii san afaan isaatti ol hinfuune jedhe. Muslimtu odeesse.

## 02 Jiddu jireessa tahuu.

قال تعالى: ﴿وَكُلُواْ وَٱشۡرَبُواْ وَلَا تُسۡرِفُوٓاْۚ إِنَّهُۥ لَا يُحِبُّ ٱلۡمُسۡرِفِينَ﴾ [الأعراف: ٤٣]

Rabbiin s.w. akki jedhe ***"nyaadhaa, dhugaa, hinballeysinaa inni balleysitoota hinjaalatu."*** suuraa airaaf.

## 03 Jalqaba nyaataa irratti bismiLlaah jechuu.

قال النبي ﷺ: «إذا أكل أحدكم فليذكر اسم الله تعالى فان نسي أن يذكر اسم الله تعالى في أوله فليقل بسم الله أوله وآخره». رواه أبو داود وصححه الألباني.

Nabiin ﷺ akkana jedhe "tokkoon keysan yeroo nyaata nyaatu bismillaah haa jedhuu,yoo duratti jechuu irraanfate yogguma yaadate bismillaahiawwalahuu wa aakirahuu haa jedhuu." Abuu daawud odeesse,albaaniin sahiiha jedhe.

## 04 Nyaata eybessuu dhabuu.

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: ما عاب النبي ﷺ طعاما قط، إن اشتهاه أكله وان كرهه تركه. رواه البخاري.

Abbaan hureyraa رضي الله عنه Nabiin ﷺtakkumaatuu nyaata hinfokkisne [hin arrabsine] jaalatu ni nyaata, yoo jibbe ni dhiisa" bukhariitu odeyse.

## 05 Walitti qabamanii nyaachuu.

عن وحشي بن حرب رضي الله عنه أن أصحاب رسول الله ﷺ قالوا: يا رسول الله إنا نأكل ولا نشبع. قال: «فلعلكم تفترقون؟» قالوا: نعم. قال: «فاجتمعوا على طعامكم واذكروا اسم الله عليه يبارك لكم فيه». رواه أبو داود وحسنه الألباني.

Wah'shiyyii ibnu harbii akki jedhe sahaabaan nabii ﷺ "yaa rasuula numa nyaannaa numa nyaannaa hinquufnuu maaluma? jennaan addababaatan nattyi fakkaata, jennaan ee jedhaniin.nyaata walitti qabamaa nyaadhaa,maqaa Rabbii irratti dubbadhaa,barakaatu itti isinii godhamaa jedheen." Abuudawud odeesse.

## 06 Ergamtootan wajji nyaachuun barbaachisaa tahuu.

عن أبي هريرة ﵁ عن النبي ﷺ قال: «إذا أتى أحدكم خادمه بطعامه فإن لم يجلسه معه فليناوله لقمة أو لقمتين أو أكلة أو أكلتين فإنه ولي علاجه». رواه البخاري.

Abii hureyraan ﵁ nabiin keenya ﷺ akkana jedhan jedhe "Tokkoon keysan yoo kaadimni isaa nyaata isaa fide yoo teysisee wajji nyaatuu baate affan tokko afaan lama haa kennuufii,fuudhaa takka fuudhaa lama. isaatu bilcheeyseef waan taheef." Bukhariitu odeesse.

## 07 Naamusa dhugaatii irraa.

أن يشرب ثلاثا، وأن يتنفس خارج الإناء، ولا ينفخ في الشراب.

yoggu sadihitti dhuguu. meeshaan alatti hafuura baafachuu. waan dhugu afuufuu dhabuu.

## 08 Nyaata booda Rabbi galatoomfachuu.

Namni yeroo nyaata isaarraa raawwate Rabbi galatoomfachuu.

عن النبي ﷺ قال: «من أكل طعاما ثم قال: الحمد لله الذي أطعمني هذا ورزقنيه من غير حول مني ولا قوة، غفر له ما تقدم من ذنبه». رواه أبو داود وحسنه الألباني.

Nabiin ﷺ Akki jedhe namni nyaata nyaatee egasii "Alhamdu lillaahi llazii ax'amanii haaza warazaqaniihi min gayri howlin minnii walaa quwwah" jedhe badiin isaa tan dabarte hundi araarama isaaf godhamti.

وقال ﷺ: «إن الله ليرضى عن العبد أن يأكل الأكلة فيحمده عليها، أو يشرب الشربة فيحمده عليها». رواه مسلم.

Ammas nabiin keenya ﷺ akki jedhe Rabbiin gabricha isaarraa nijaalalata nyaata tokko nyaatee irratti galata isaaf galchuu,yookaan dhugaatii takka dhugee galata isaaf galchuu." muslimtu odeese.

# NAAMUUSA HIRRIIBA

**01 yeroo rafan wuduu'a godhachuu barbaachisa.**

**02 cinaacha mirgaa irratti rafuu barbaachisa.**

**03 duaaii fii zikrii yeroo hirriibaa qarauu barbaachisa.**

Isii keessa takka tana

عن البراء بن عازب ﵄ قال: قال لي رسول الله ﷺ: «إذا أتيت مضجعك فتوضأ وضوءك للصلاة، ثم اضطجع على شقك الأيمن، وقل: اللهم أسلمت نفسي إليك، ووجهت وجهي إليك وفوضت أمري إليك وألجأت ظهري إليك رغبة ورهبة إليك لا ملجأ ولا منجى منك إلا إليك آمنت بكتابك الذي أنزلت ونبيك الذي أرسلت». متفق عليه.

Baraai ilma aazib ﵁ Nabiin keenya ﷺ akkana naan jedhan jedhe. "yogguu rafuuf kaate akkuma yeroo salaataatti wuduu'a godhadhu, eegasii cinaacha kee kan mirgaa irratti ciisi, eegasii akkana jedhi (Allaahumma aslamtu nafsii ileyka, wawajjahtu wajhii ileykaa, wafawwadtu amrii ileykaa, wa'alja'itu zahrii ileykaa, ragbatan warahbatan ileyka, laa maljaa walaa manjaa minka illaa ileyka, Aamantu bikitaabika llazii anzalta, wanabiyyika llazii arsalta)." Bukhariif muslimtu odeesse.

**04 Aayatul kursiyyii qarauu.**

**05 Qulhuwallaahu ahad fii qul a'uuzuu lameen harka keessatti qara'anii itti tufanii dibachuu yoggu 3.**

06 **Harka mirgaa mataa jala kaayyachuu.**

07 **firaasha irra rafan uffata ufirraa qaban gama keeysaatiin haxaawuu.**

08 **Gararratti ciisanii rafuu dhabuu kuni dhowwaadha waan taheef.**

# NAAMUSA KARAA DEEMSAA

## 01 Kadhaa yeroo karaa deemaanii irratti bololuu.

Abdallaah ibnu umar ﵄ akkana jedhe, Nabiin keenya ﷺ yeroo karaa deemuuf gaala isaanii yaabbatan akkana jedhan jedhe,

الله أكبر الله أكبر الله أكبر سبحان الذي سخر لنا هذا وما كنا له مقرنين، وإنا إلى ربنا لمنقلبون، اللهم إنا تسألك في سفرنا هذا البر والتقوى ومن العمل ما ترضى. اللهم هون علينا سفرنا هذا، واطو عنا بعده، اللهم أنت الصاحب في السفر والخليفة في الأهل. اللهم إني أعوذ بك من وعثاء السفر، وكآبة المنظر، وسوء المنقلب في والمال والأهل.

Allaahu akbar Allaahu akbar Allaahu akbar, subhaana llazii sakhara lanaa haazaa wamaa kunnaa lahuu muqriniin, wa innaa ilaa rabbinaa la munqalibuun, Allaahumma innaa nas'aluka fii safarinaa haazaa albirra wattaqwaa' waminal amali maa tardaa, Allaahumma hawwin aleynaa safaranaa haazaa, waxwi annaa bu'idahuu, Allaahumma anta ssaahibu fissafar, walkaliifatu fil'ahli, Allaahumma innii auuzu bika min waisaai ssafar, waka'aabatil manzar, wa suuil munqalabi fil ahli walmaal.

وإذا رجع قالهن وزاد فيهن «آيبون، تائبون، عابدون، لربنا حامدون». رواه مسلم.

Yogguu deebie isii taanis qaraeeti, tana itti ida'a. "Aayibuuna taaibuuna aabiduuna liRabbinaa haamiduuna." muslimtu galmeesse.

## 02 Ganamaan deemuu.

قال ﷺ: «اللهم بارك لأمتي في بكورها».

Nabiyyiin keenya ﷺ akkana jedhan. (Yaa Rabbi ummata kiyyaaf ganama isii keysatti barakaa godhiif).

وكان ﷺ إذا بعث سرية أو جيشا بعثهم في أول النهار. رواه أبو داود.

Ammas Nabiyyiin ﷺyogguu waraana yookaan saylii ergan yeroo ganamaa keysa erguu turan. Abuu dawud odeesse.

## 03 Waahela wajji deeman barbaaddachuu.

قال رسول الله ﷺ: «لو يعلم الناس ما في الوحدة ما أعلم ما سار راكب بليل وحده». رواه البخاري.

Nabiyyiin ﷺ akki jedhan "osoo waan ani beeku kan rakkoo kophaa deemuun qabdu beekee ummanni silaa namni tokkichi kophaa isaa halkan keeysa karaa hindeemu." bukhaariitu odeesse.

وقال ﷺ: «الراكب شيطان والراكبان شيطانان، والثلاثة ركب». رواه أبو داود والترمذي وأحمد.

Ammas Nabiyyiin keenya ﷺ akkana jedhan "namni tokko kophaa karaa deemu sheyxaana tokko (dalagaa sheyxaanaati), namni lama kophaa karaa deemu sheyxaana lama (dalagaa sheyxaanaati,) namni sadihi ammo wajji yaauun gaariidha. abuu dawud, tirmizii fii ahmad odeessan.

## 04 Maatiifii saahibbanitti dhaammatuu.

عن قزعة قال: قال لي ابن عمر رضي الله عنهما: هلم أودعك كما ودعني رسول الله ﷺ: «أستودع الله دينك وأمانتك وخواتيم عملك». رواه أبو داود.

Qaza’aan akki jedhe ibnu umar akka nabiin natti dhaammatettin sitti dhaammadhaa koottu mee naan jedheeti, eegasii “Rabbitti si dhaame siifii diin keetii fii booddee hojii teetii tis.” naan jedhe. Abuu daawud odeesse.

## 05 Wajji kara deemtonni nama tokko ajajaa godhachuu.

قال رسول الله ﷺ: «إذا خرج ثلاثة في سفر فليؤمروا أحدهم». رواه أبو داود.

Nabiyyiin keenya ﷺ Akkana jedhan “Namni sadihii yoo karaa wajji deeme tokko ajajaa haa godhatanii.” Abuu daawud odeesse.

## 06 Kadhaa yeroo qubatanii.

قال ﷺ: «من نزل منزلا ثم قال: أعوذ بكلمات الله التامات من شر ما خلق، لم يضره شيء حتى يرتحل من منزله ذلك». رواه مسلم.

Nabiyyiin keenyaa ﷺ akki jedhee ‘’namni bakka takka qubatee, a’uuzu bikalimaatillaahi ttaammaaati min sharri maa khalaqa, jedhe sheyxaanni isa miidhuu hin dandayuu hanga bakka sanirraa deemutti”. muslimtu odeesse.

## 07 Yeroo galu dura masgiidaan jalqabuu isa keysatti raka’aa lama salaatuu.

قال كعب بن مالك رضي الله عنه: وكان - يعني النبي ﷺ إذا قدم من سفر بدأ بالمسجد، فيركع فيه ركعتين. رواه البخاري.

Ka’ibi ibnu maalik akki jedhe “Nabiin yogguu amnarraa galan masgiidatti dura galan isa keysatti raka’aa lama salaatan.” bukaariitu odeesse.

## 08 Yeroo ol Koran takbiiraa godhu, yeroo gadi bu’an tasbiiha godhuu.

كان النبي ﷺ وجيوشه إذا علو الثنايا كبروا، واذا هبطوا سبحوا. رواه أبو داود.

Nabiyyiin keenya ﷺ “fi waraanni isaanii yogguu kaarra olkoran Allaahu akbar jedhan,yoggu dhooqa gadibu’an subhaanallaahi jedhan.” abuudaawud odesse.

# DHUMARRATTI

Naamusoota kitaaba kana keessatti dhihaate kana dubbisnee dhiisuu osoo hintaane itti hojjachuutu nurraa barbaachisa. Nabiyyii keenya hordofuu nu barbaachisa Warra diin isaa baratee walbarsiisee sirritti itti dalagee jaalala Rabbii argate nuufii isinis Rabbi nuhaa taasisu. ibaadaalee hunda Rabbi nurraa haaqeebalu.

irratti yaada keessan nuuf kennaa. Galatoomaa.

والحمد لله رب العالمين، وصلى الله وسلم على نبينا محمد وآله وصحبه أجمعين.

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM


contact us :Books@guidetoislam.com

Guidetolslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة
هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧
ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH
P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126

# NAAMUSOOTA ISLAAMAA

Kitaaba kana keessatti naamusoota jiruu isaa keessatti muslimni hundi itti haajamuutu ibsame.




IslamHouse.com
Osoul Center
www.osoulcenter.com